


# VISION ZERO

MAGAALAA SIYAATILIIF DAANDDIWWAN  
BALAA IRRAA BILISA TAHAN DHUGOOMSUU



## VISION ZERO JECHUUN MAAL JECCHAADHA?

Vision Zero jedhamee waamama addunyaa irratti socho'u Balaa tiraafikaa fi miidhaa qaamaa cimaa daandiwwan keenya irratti dhaqqaban bara 2030 irratti dhabamsiisuu dhaaf. Kun sochii daanddiwwan balaa irraa bilisa fayyadamtoota hunda gonffachiisu dha.

OROMO



## **AKKAMITTI HOJJECHUU DANDHA?**

Vision Zero'n Siyaatil dizeaayinii daandii baay'ee mijataa tahe, odeeaffannoo dimshaashaa fayyaddamuudhaan barnootaan deeggeramee akkasumas seera raawwachi'suu dhaan yootahu malli kun magaalawwan kaayyoo walfakkaataa galmaan gahuuf socho'an keessatti bu'a qabeessa ta'aa jira.

## **KUN MAALIIF BARBAACHISAA TAHE?**

Magaalaan Siyaatil magaalota balaa irraa bilisa tahan keessaa ishee tokko yoo taate illee gara wagoota darban sadan keessatti balaa kaakolaataa 35,000 gahee jira. Wagaa waggaadhaan daandiwwan keenya irratti gara namoonnii 20 ni du'u. Kun ammoo fudhatama hin qabu. Balaa tiraafikaan gahuun namoonni du'an ykn miidhaan qaamaa cimaa gahu maatii, hirriyyoota fi saboota balaa irrattis miidhaan cimaa tahe ni dhaqqabsiisa.

Nuti daanddiwwan magaalaa Siyaatil fayyaddamoota hundaaf balaaa irraa bilisa akka tahan kan barbaannu yoo tahau daa'iimmaan wagga 8 gahaan irraa kaasee hanga akkaakilee keenya wagga 80 tahanitti kan jiran balaa irraa bilisa akka tahan barbaanna jechaa dha. Hundi keenya nageenya fi mijachuun nutidhagahamuu kan qabu daandiwwan irratti yoo suuta adeemnu, konkolaachifnu, biskileeti yoo gugachiifnu, daandiwwan yoo qaxxaamurru, ykn meeshaawwan bakka tokkoo gara biraatiitti yoo sochoofnu daanddiwwan balaa tiraafikaa irraa bilisa tahuu qabu jechaa dha.

## **DAANDIWWAN SIYAATILIF KUN JECHUUN MAALII ?**

Karaa Vision Zero, isin ilaaluu kan jalqabdan:

- Dizaayiniwwan daandii amala balaa tiraafikii irraa bilisa tahee fi saffisaa irra bilisa tahuu kan filatuu fi
- Daandiwwan naannoo mana jireenyaan jiranii fi sochiin tiraafikaa hedduu tahetti daangawwan saffisan hirdhisuu murteessuu
- Bakkota daandii balaan tirafikaa baay'atutti raawwii seeraa irratti xiyyeffachuu
- Barnootaa fi Uummatta irratri xiyyeffaachuudhaan

## **HIRMAATTIONNII EENYU FA'II ?**

Nuti hundi keenya kana keessatti ni hirmaanna.

Jireenya guyaa guyaa keenya keessatti jireenya keenya irratti dhiiibbaa geessisuu murteewwan dandahan ni murteessina. Amma mee amaloota haa taanu, nuti hundi keenyi yoo daandii ceenu sirriitti lalle osoo hin taane, akkuma feene bakka konkolaataan dhaabbatutti daandii ceuu ykn koakolaataan yoo daandii ceuu nuti dhaabbanee hin eegnu. Kanaafuu, caalmaan keenya haala tasgabbii qabu keessatti hin argamuu taha jechuu dha.

Kun ammo hundii keenyi akka waliin hojjennuuf kan nu dirqisiisu yoo tahu, guyaa guyaa dhaan murtiwwan faara qabassa murteessuu dhaan, bala tiraafikaa kana dhabamsiisuu ykn gara zeerootti fiduu qabna.

Murtiwwanii fi amalawwan akkasii dimshaashumaan ida'amani haala gaarii (misha), ciminaa fi magaala balaa tiraafikaa irra bilisa tahe nu gonfachiisu jechaa dha.